HENNEPIN COUNTY

HOUSING AND REDEVELOPMENT AUTHORITY

Qajeelfamoota Fandii Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa

Ebla 22, 2020

Hojiiwwan xixiqqoo 'Hennepin County' keessaa balaa weerara COVID-19 tiin hubamaniif yeroodhaaf deeggarsa gochuuf, Fandiin Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' hojiiwwan xixiqqoo deeggarsa barbaadaniif liqaa namaaf dhiifamu hanga $7500 tti dhiyeessuuf jedha. Deeggarsi maallaqaa kun dhaabbileen daldalaa baasiiwwan murteessoo, kanneen akka kaffaltii kiraa, kaffaltii qabeenyaa liqaan bitamee, kaffaltii tajaajilootaa fi dhiyeessitootaa akka kaffalataniif isaan gargaara.

Fandiin Gargaarsaa kun kan geggeeffamu karaa 'Open to Business', 'Metropolitan Consortium of Community Developers' (MCCD), dhiyeessaa 'Open to Business' isa hawaasa bu'ureeffatee fi bu'aaf hin dhaabane, isa yeroo ammaa deeggarsa teeknikaa fi carraa maallaqa kaappitaalaa dhaabbilee daldalaa guutummaa 'Hennepin County' keessa jiraniif dhiyeessudhaani. Dhaabbilee hawaasa bu'ureeffatan waliin ta'uun hawaasota galii gad aanaa qabaniif, hawaasota gurraachaatiif, akkasumas bakkeewwan deeggarsa maallaqaa hojiiwwan xixiqqaadhaaf qabamee jiru argachuuf danqamaniif dursi kennamuudhaan deeggarsi godhamaaf.

Haaldureewwan

- Liqaa dhiifamuu danda'u kan yeroo muddamaa aal tokkoon kennamu hanga $7500, miidhaa dinagdee COVID-19 irraan ga'ee fi baasiiwwan hayyamamoo armaan gaditti ibsaman irratti hundaa'uudhaan.
- 0% interest, 36 month term, deferred payments for 12 months
  Kaffaltii hanga baatii 12 tti hin gaafatamne, kan hagna baatii 36 tti turu, dhala kan hinqabne (%0)
- Baatii 12 booda liqichi %100 ni dhiifama, dhaabbati daldalaa sun haala gaariidhaan 'Hennepin County' keessatti itti fufee hojii isaa ni adeemsisa yoo ta'e, akkasumas ragaalee barbaachisoo ni dhiyeeffata yoo ta'e.
- Fandii Gargaarsaa kana baasiiwwan hojicha ittiin adeemsisan, kanneen akka kaffaltii kiraa, kaffaltii qabeenyaa liqaan bitamee, kaffaltii tajaajilootaa, kaffaltii dhiyeessitootaa,

kafffaltii gibiraa, yookaan kaffaltii mindaa hojjettootaatiin ala baasiiwwan murteessoo bulchaa fandii sanaatiin mirkaneeffameef itti fayyadamuun ni danda'ama.

Hojiiwwan Daldalaa Ulaagaa Guutan

Dhaabbileen daldalaa liqaa gaafachuu danda'uuf ulaagaalee Bitootessa 1, 2020 as jiran hunda guutuu qabu. Sadarkaan kooluu galtummaa abbaa hojii sanaa ulaagaa sana irratti dhiibbaa hinqabu.

- Hojichi abbummaan isaa kan nama naannoo sanaa kan ta'ee fi bu'aadhaaf 'Hennepin County' keessatti hundeeffamee hojjechaa kan jiru ta'uu qaba
- Bitootessa 1, 2020 as abbaa qabeenyaarratti dabaluudhaan yoo xiqqaate hojjetaa gibira irraa kuttan (W-2) tokko qabaachuu, hojjettoota 20 ol kan hintaane qabaachuu, akkasumas galii waggaa $ miliyoona 1 gadi kan argatu ta'uu qaba.
- Bitootessa 20, 2020 dura kan baatiiwwan 6 f hojiirra ture ta'uu qaba
- Hayyama qabaachuu, haala gaariirra jiraachuu, ni ilaallata yoo ta'eef, Caamsaa 15, 2020 dura gibira qabeenyaa kan kafalaa ture ta'uu qaba
- Bitootessa 15 as galii guddaa dhabuu isaa agarsiisuu qaba (seenaan liqaa yookaan ulaagaaleen qabsiisa maallaqa ittiin argatanii kam iyyuu hin hojjetan)

Kanneen armaan gadii dabalatee dhaabbileen daldalaa tokko tokko ulaagaa hin guutan:

- Hojiiwwan daldalaa mana keessatti adeemsifaman; kanneen mana keessatti hojjetaman hinqabne
- Dhaabbilee bu'aadhaaf hin dhaabbanne
- Koontiraaktaroota of danda'oo hojii dhuunfaa isaanii hojjetan, yookaan hojiiwwan abbaa hojii sanarraa kan hafe hojjettoota biroo hin qabne
- Hojiiwwan qaama kaampanii guddaa ta'an, hojiiwwan qaama kaampanii mootummaalee hedduu ta'an
- Hojiiwwan Gurraandhala 29, 2020 dura haalota dirqama isaanii raawwachuu dadhabuu keessa turan
- Hojiiwwan galii isaanii irra guddinaan qumaara irraa argatan
- Hojiiwwan galii kam iyyuu ga'eessota bashannansiisuu irraa argatan
- Hojiiwwan galii isaanii invastimantii sochiin bittaa-gurgurtaa isaa qabbanaawaa ta'e irraa argatan; bittaa-gurgurtaa dhaabbata daldalaatii fi dhaabbata daldalaattii;

gurgurtaawwan riil isteetii; kiraa meeshaalee yookaan bulchiinsa qabeenyaa; biilboordiiwwan; yookaan warra seera baasan irratti dhiibbaa uumuuf warra nama gurmeessan

Fandii Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' irratti dabaluudhaan dhaabbileen daldalaa maddawwan maallaqaa qophaa'oo COVID waliin walqabatan, kanneen akka Bulchiinsa Dhaabbilee Daldalaa Xixiqqaa (SBA), Liqaa Balaa Miidhaa Dinagdee (EIDL) fi Sagantaa Eegumsa Kaffaltii Cheekii' (PPP), Mootummaa Naannoo Minesootaatti Liqaa Yeroo Muddamaa Hojiiwwan Xixiqqaa (SBEL), fi sagantaalee naannoo sanii biroo hundatti akka iyyata galfataniif cimsinee isaan jajjabeessina. Haa ta'u malee, dhaabbilee daldalaa hanga danda'ame mara tajaajiluuf jecha tajaajila Fandii Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' FI deeggarsa maallaqaa magaalaa yookaan mootummaa naannoo 'SBEL' irraa dabalataan argachuuf dhaabbileen daldalaa ulaagaa guutuu hin danda'an. Dhaabbileen daldalaa gargaarsa maallaqaa mootummaa federaalaa irraa argatan, Fandii Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa 'Hennepin County' irraa gargaarsa argachuuf ulaagaa ni guutu, garuu maallaqa 'County' irraa argatan qaawwaa maallaqa mootummaa federaalaa irraa argameen duuduu qabu dhiisanii baasiiwwan hayyamamoo biroodhaaf fayyadamuu qabu.

Adeemsa Iyyannoo

- Guci iyyannoo Ebla 27 irraa eegalee hanga **Caamsaa 8, 2020 wareetti** ni fudhatama.
- Iyyattoonni karaa marsariitii asitti argamuu guca iyyannoo akka guutaniif gaafatamu.
- Guca iyyannoo elektiroonikaawaa guutuuf deeggarsa yoo feetan MCCD quunnamaa .
- Lakkoofsi iyyannoowwanii maallaqa lafaa qabnu caalee yoo argame, to'ataan fandichaa iyyattootaaf carraa buusuudhaan warra liqaan kennamuuf filata.
- To'ataan fandichaa, jechuun 'MCCD'n, iyyattoota liqaan mirkanaa'eef ii-meeyiliidhaan Caamsaa 15, 2020 yookaan isa dura isaan beeksisa.
- **Iyyannoo mirkaneeffame wayita beeksifamu**, iyyattoonni wantoota armaan gadii guyyoota hojii 5 keessattii fi utuu maallaqi hin kennamin galchuutu irraa eegama.
    - Galmee Galiifi Gibiraa Hojiiwwan Federaalaa kan 2019 yookaan Sagantaa Gibira Hojii—akaakuu hojichaarratti hundaa'uudhaan. Dhaabbileen daldalaa hanga ammaatti Galmee Galiifi Gibiraa Federaalaa 2019 hin xumurin iyyachuu fi ragaa galii kan biraa bakka buusuuf ulaagaa ni guutu, dhiifamuu liqaatiif ulaagaa guutuuf

ammoo Galmeen Galiifi Gibiraa Federaalaa 2019 wayita xumuramu dhiyeessuutu irraa eegama.

- Ragaa galii dhabuu kan balaa COVID 19 waliin walqabate. Iyyataan ragaa dhiibbaa dhibee kanaa sirriitti agarsiisuu fi Bulchaa Sagantaa biratti fudhatama qaba jedhamee itti amanamu galchuu qaba. Ragaalee fudhatama qaban keessaa hangi tokko kanneen akka Gabaasa Gibira Gurgurtaa, Galmee Yeroo Waltajjiiwwan Gurgurtaa qaama 3ffaa, Galmee Tajaajiloota Daldalaa, fi gabaasa Bakkee Gurgurtaa ykn Galmee ti.
- Ragaa qacarrii kan Bitootessa 1, 2020 duraa. Ragaaleen fudhatama qaban kanneen akka gabaasa yeroo qopheessaa mindaa hojjettootaa qaama 3ffaa irraa, Unkaa Federaalaa 941 kan iyyataa/Galmee Galiifi Gibiraa Federaalaa Kurmaanaa kan Hojjechiisaa, yookaan ragaa mindaa hojjettootaa kan Mootummaa Naannoo yookaan Federaalaatti dhiyaatan biraa.
- Ragaalee dabalataa biroo yookaan odeeffannoo ulaagaa guutuuf, ragaalee liqaa qopheessuuf, kaffaltii liqaa fandii raawwachuuf, yookaan ulaagaalee gabaasa sagantichaa guutuuf barbaachisaadha jedhamee bulchaa fandiitiin itti amaname.
- Ragaalee barbaachisoo galchuu dadhabuun liqaan hayyamame akka haqamu taasisa.

Yaadachiisa: Abbaan Taayitaa Manneenii fi Deebisanii Misoomsuu 'Hennepin County' dhiibbaa weerara yeroo ammaatiif furmaata waaraa kennuuf akka barbaachisummaa isaatti mirga qajeelfamoota kanniin fooyyessuu qaba.